Yeroo isa argitan soomaa, ammas yeroo isa argitan sooma keessan hiikaa, yoo duumessa ta’e immoo tilmaaman deemaa

Ibnu Umar irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- akkana kan jedhu dhaga'e: «Yeroo isa argitan soomaa, ammas yeroo isa argitan sooma keessan hiikaa, yoo duumessa ta’e immoo tilmaaman deemaa».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- mallattoo jalqabbii fi xumura baatii Ramadaanaa ibsanii,akkas jedhan: Ji’a Ramadaanaa yoo argitan soomaa, Yoo duumessaaf isa arguu dhabdan, ji'a Sha'abaanaa guyyaa soddoma lakkaa'aa soomaa, ji'a Shawwaal yoo argitan immoo sooma keessan hiikaa, yoo duumessaaf isa arguu baattan ji'a Ramadaanaatiif guyyaa soddoma lakkaa'aa.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/4549